Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Vol. 9 No. January 2026
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University

Full Length Research Paper

Ardaalee Jilaa Gadaa: Hariiroo Ardaalee Jilaafi Seerota Gadaa Tuulamaa

Adaanaa Addunyaa*[1], Xilahuun Taliilaa (PhD)[2] fi Dastaa Dassaalenyi (PhD)[3]

[1]Yuuniversiitii Bulee Horaatti Barsiisaa Afaan Oromoofi Ogbarruufi Yuunivarsiitii Addis Ababaatti Kaadhimamaa PhD Afaan Oromoofi Fookloorii. Email: *adanaadugna7@gmail.com*

[2]fi[3]Yuunivarsiitii Addis Ababaatti Damee Barnoota Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii
Email: tilahun.telila@aau.edu.et; desta.desalegn@aau.edu.et, walduraa duubaan.

Submission Date: June 26, 2025
Acceptance Date: January 20, 2026 DOI: https://dx.doi.org/10.4314/gadaa.v9i1.6

Axareeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa hariiroo ardaalee jilaa Gadaafi seerota Gadaa Tuulamaa xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf saxaxa qorannoo akkamtaatu hojiirra oole. Jamaan qorannichaa mala iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaan filataman. Maddi ragaalee abboota seeraa Gadaafi yuubota Gadaa Tuulamaati. Ragaaleen jamaa adda bahanirraa mala daawwannaa, afgaaffiifi marii gareetiin funaannamanii jiru. Qorannichi fuulleffannaa hiikaa (interpretive paradigm) fi yaaxxina ijaarsa hawaasaan qoratame. Seeroonniifi ardaaleen jilaa Gadaa qabiyyeewwan fookloorii qabaachuu agarsiisuuf bu'uura af-seenessa hawaasichaan xiinxalaman. Ragaaleen qorannichaa akka agarsiisaniitti, ardaaleen jilaa bu'uura raagamtaa isaaniin iddoowwan jilaafi seera Gadaa ta'uun hubatameera. Adeemsa seeneffamaa hordofuun tumaaleen seeraa ardaaleerratti ta'anis hariiroo duraa-duubaa qabaachuun nimul'ata. Kunis, Odaan Nabee bakka sirni yakka qulqulleessuufi araaraa, sirni madaalliifi mirkansaa itti raawwatamu. Caffeen Dongoraa ardaa abbaa muudaa ta'ee iddoo heera (seerota ulfoo, sammuu seerotaa) Jahan Waaqaa itti afaan saaqan ta'uun; Caffeen Tumaa immoo, bakka seeronni ulfoo ta'an itti hiikamaniifi seeronni waa maraa itti tumaman ta'uun hubatameera. Seeronni caffee Tumaarratti tumamanis, osoo Dhakaa Koratti hindarbin bultoo waggaa tokkoof miseensi Gadaa hundi Caffee isaanitti (qixxee gosaattiin) galatu. Qixxee gosaatti hawaasa bal'aaf dhangalaasanii marii bal'aan erga irratti taasifamee booda waggaatti qabatanii Dhakaa Koratti deebi'u. Dhaka koratti seera ta'ee osoo hinragga'in dursanii sirna 'Si baannadhee' gaggeessu. Si baannadheen gaaffii maaliif fooyyessuun, itti dabaluun akka barbaachiseefi qulqulleeffannaa waliigalaa qaba. Sirna kana booda kan keessaa hir'atu hir'atee, kan itti dabalamu dabalamee seera ta'e lallabama. Ardaaleen jilaa kunneen wiirtuu seeneffamootafi seenaa Gadaa Tuulamaa ta'uun, Heeraafi seerota Gadaa tursiisanillee ammatti babal'ina magaalootaafi misoomawwan gurguddoo naannawa sanatti adeemsifamaa jiruun dhiibbaa hamaa keessa waan jiraniif Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa, Inistitiyuutii Qorannoofi Qo'annoo Oromoo, Gadaa Tuulamaafi dameen UNESCO kunuunsa hambaalee killiyaan akka eeggamuuf qorannoon kun ni'akeeka.

Jechoota Ijoo: Ardaa Jilaa, Heerotaafi Seerota, Qixxee Gosaa, Yayyaba

* Croosponding author

Gadaa Sacred Sites: The Relationships of Gadaa Sacred Sites and Folk Laws of Tuulamaa Oromoo

Abstract

The purpose of this study is to reveal the relationships of sacred sites and folk laws of Tuulama Oromoo Gadaa system. The researchers employed the qualitative reseach design, an interpretivist research paradigm and social construction theory. Purposive and snowball sampling techniques were employed to select the population of the study from which data for this study were collected. Data collection methods including observation, interviews, and focus group discussions were used to obtain information from key consultants. The data revealed that indigenous folk laws (seera Gadaa) are one of the folkloric contents that indigenous people practiced to rule and regulate their day-to-day activities. These seera Gadaa (folk laws) are provisioned by the Abboota Seera (folk laws experts). At Odaa Nabee seera Gadaa should be checked and balanced by Tuulama Sadeen representatives. Caffee Dongoraa is sacred site where the seera Gadaa especially seera Jahan Waaqaa was drafted by Abboota Seera. And also, at Caffee Tumaa the drafted seera will be interpreted for the folks. After they discussed and agreed, all the folks will return to their qixxee gosaa/clans centers. This process is called 'Bultoo Buluu' literally to have along time for discussion with a mass folks. After they discussed for one year with the folks they come back to Dhaka kora/Handoodee Tumaa/ and the seeraa being proclaimed/declared. At Handoodee Tumaa there is a great debate on seera Gadaa before proclaimation. It has a system of 'Si baannadhe' literally means 'I have an objection.' This shows that seera Gadaa needs negotations before proclaimation. The Tuulamaa at large and its clans have the right to know seera Gadaa. Therefore, as revealed in the study, the places are centers for the laws making, amending and promulgating based on the mythological narratives and their narrative sequences. Hence, the existence of the Gadaa laws and its order highly align with the the sacred places and their narratives. Currently, as a result of urbanization and development plans, the area is in danger. Hence, concerned bodies like Oromia Culture and Tourism Bureau, Institute of Oromo Study, UNESCO deligated office in Ethiopia, Tuulamaa Gadaa leaders and the Oromo at large have responsibility to develop preservation schemata.

Keywords*:* Sacred places, folk laws, clans centers, foundations

---

1. Seensa

Oromoon sirna ittiin bulmaataa hunda-galeessa ta'e jiruufi jireenya ittiin gaggeeffatu sirna *Gadaa* qaba. Uummattoota Baha Afrikaa keessa jiraatan keessaa saba hoodaafi safuu irratti hundaa'ee seera tumatee jiraataa tureefi jiru jechuun nidanda'ama (Alamaayyoo 2014, f. 17; Dirribii 2016, f. 250; Taabor 2013, f. 103). Kunis, Oromoon osoo heerriifi seerri hintumamin dura hoodaafi safuudhaan walbulchaa akka ture hubanna. Yaada kana Alamaayyoo (2014, f. 202) akka ibsetti, "Dur osoo seerri Gadaa bifa amma qabateen hintumamiin illee Oromoon heera hoodaafi safuutiin akka bulaa ture nidubbatama." Seeronni kunneenis seera hinbarreeffamin, seera waloo, seera xabboofi seera aadaan beekkamu. Seerota hinbarreeffamiin ta'anis jaarmiyaa hawaasaa keessatti kanneen beekkamaniidha (Filee 2015, f. 38). Seerri Oromoo biratti seera Waaqaa (Universal laws of nature) fi seera namaa (laws made by humans) jedhamee akka beekkamu (Gemetchu 1993, f. 215; Gemetchu and Aneesa 2019, f. 186) ni'ibsu. Yaadota kanarraa kan hubatamu, bu'uurri (yayyabni) seera Gadaa Oromoo hoodaafi safuu ta'uudha.

Seerri hawaasaa (folk law) duudhaa, safuu, hoodaafi ayyaantummaa irratti yayyabama. Sirna Gadaa Oromoo keessattis seeronni duudhaalee aadaa bu'uureffatu. Yaada kana Mulugeta (2014, f.56) akka ibsetti, "The Gadaa system entails types of 'Seera' which refer to cultural values, rules, maxim norms, rituals, religious practices, economic, political, social values, and so on." Kunis, bu'uurri seerota Gadaa aadaa, safuu, sirnoota, gochaalee amantii, siyaasa, diinagdeefi hawaasummaadha. Seeronni Oromoo aadaa irraa adda bahanii hinilaalaman (Gemetchu, 1993, f. 214). Dabalataan, Gemetchufi Aneesa (2019, f. 188) akka ibsaniitti, "Customs and laws go together. The law checks custom and custom checks the law (seerri waan aadaan kennite hojjata, aadaan waan seerri kenne hojjatti). They check each other (wal-eegan). Seeronni Gadaa Oromoo duraa namoota shaniin akka yayyabaman (bu'uureffaman) Gemetchu (1993, f. 216) ni'ibsa. "The yaayaa shanan refers to the five founding fathers who are believed to have laid down the foundation of the traditional Oromo law. These five founding fathers are known by the following names: Yaayaa Boruu Biloo, Yaayaa Gallee Aannoo, Yaayaa Maannee Leeqaa Jaarsoo, Yaayaa Galoo Gobbaa, and Yaayaa Baabbo Gallessaa." Seerota isaan yayyabanis gabatee ittaanu keessatti dhiyeessuuf yaalameera.

Gabatee 1. Cuunfaa Yayyaba Seerota duraa agarsiisu

Abbootii Yaayyaa Shanan		**Seerota isaan yayyaban**
Galoo Gobbaa	-	Seera golaafi gosaa yayyabe.
Boruu Biloo	-	Seera maatii, rakoo, qabeenyaafi dhaalaa yayyabe.
Maannee Leeqaa Jaarsoo	-	Seera duulaa, araaraafi adamoo yayyabe.
Gallee Aannoo	-	Seera horaa, loon bobbaasuu, bishaan obaasuu, eela qopheessuufi bineensota kunuunsuu yayyabe.
Baabboo Gaalessaa	-	Seera fayyadama yeroo, dhaha baraa, biyyaa, seera uumamaa, biqilootaa, waqtiileefi lafaati yayyabe.

Oromoo Gadaan buluu erga jalqabee kaasee yeroo garaa garaatti sadarkaa gosoota Oromootti ardaalee jilaa qixxee gosaa ta'an irratti seeronni hayyoota aadaa beekumsa xabboo qabaniin tumamaa turaniiru. Isaan keessaa tumaa seeraa Annaa Sorraa Gujiitti, tumaa seeraa Walaabuu Jiloo Sikkoo Mandootti, Tumaa seeraa Abbayyii Baabboo Booranatti, tumaa seeraa Namoo Dooyyoo, Harruu Maaruufi Cangaree Korbee Tuulamattiifi tumaa seeraa Makoo Bilii Maccatti kaasuun nidanda'ama (Alamaayyoo 2016, ff. 59-63).

Ardaan jilaa Oromoo akka walii galaatti, Tuulamni seerotaa Gadaa irratti tumatan hariiroo cimaa waliin qabu. Ardaa jilaa sana ardaa Waaqni jalqaba wayyoomse jedhamee seeneffama. Yaada kana Jaatanii (2014, f. 181) Gumiin Gaayoo wajjin walqabsiisee akkanatti ibsa: "*Gumiin* qaraa *Gaayootti* walitti dhufte gumii Gadaan yaamte adoo hinta'in *'Gumii Waaqii Yaame'*." Kanarraa kan hubatamu, Booranni adeemsa keessa Gumii Waaqni wayyoomse kana hordofee yeroo garaa garaatti Gaayootti Gumii waamuun hojii seera keeyyachuu/tumachuu, barsiisuufi hayyoota madaaluu raawwataa ture. Seenessaafi raagamtaa Oromoo Gujii birattis, ardaalee jilaa woyyuu ta'an keessaa Ardaan Jilaa *Daraartuu* bakka jalqaba Waaqni bishaaniifi aannan namaaf kenne jedhamee fudhatama (Gemeda 2021, f. 4). Dhimmi akkanaa iddoo biraattis kan mul'atu ta'uu isaa Varschuuren (2010, f. 17) akka ibsetti, ardaaleen jilaa raagamtaa, afseenaafi gochaalee amantiin waan walqabaniif iddoowwan kaanirraa adda ta'u. Kanaaf, hawaasa biratti

kabaja guddaa safuufi ayyaantummaa qabu. Low (1992, f. 165) akka ibsetti, ardaan jilaa fakkoommii aadaa, hidda dhalootaa, muudaa, maddaa, seeneffamaafi diinagdee qaba.

Himseenaa (oral history) Oromoo Tuulamaa birattis Odaan Nabee ardaa jilaa Waaqni karaa Nabii of ibseefi seera isaa hawaasa barsiifate jedhama. "Nabee was a leader of an Oromo community through whom the will of Waaqa was expressed. The germination of an Odaa tree under his roof was a message of the provident an event that foretold the unification of the Oromo-the return of the dispersed tribes to re-institute the lost order" (Ibsa 1997, f. 14). Kunis, Odaan bakka Nabiin Waaqaan ergame ogummaa Waaqaan itti mul'ate, raaga fuulduraafi tokkummaan Oromoo itti barsiifame ta'uu akeeka. Odaan Nabee ardaa dhimmoota jajjaboo hawaasaa miseensi Gadaa Tuulamaa hundi walgahee jalatti mari'atu ta'uutu himama (Nicolas, 2006). Ardaan jilaa beekumsa xabboofi gochaalee hawaasaan ijaaraman kuusee olkaa'a (Gemeda, 2019). Hawaasni xabboon ardaa jilaa wajjin hidhata cimaa qabu afseenessaan (oral narrative) ibsata.

Afseenessi hawaasa Tuulamaa wayyooma (sacredness) ardaa jilaa sanaa mirkaneessa (Knuttson 1967, f. 173). Fedhii namootaa calaqqisiisuufi muuxannoo walii qooduurrattis afseenessi bu'aa guddaa qaba. Kunis, hawaasni waan jiraate duubatti deebi'ee fuulduratti aggaamuun kan ittiin ofilaaluudha (Oring 1986, f. 121). Afseenessi ardaa jilaa wajjin yemmuu himamu hidhata hawaasichi ardaa jilaa sanaa wajjin ijaarrate ibsa (Yang 2024, f. 1). Qabsoon hawaasni xabboon ardaa jilaa wajjin walqabatee taasisu seera, aadaa, lafaafi qabeenya uumamaa tikfachuudha (Alfredi fi Sam 2022, f.3). Dabalataan, seera aadaa beekumsa hawaasa xabboof beekkamtiin kennamuufi eegumsi godhamuu akka qabu Tobin (2013, f. 142) ni'ibsa. Roy (2005, f. 5) immoo, amaloota uummanni xabboon tokko ittiin beekkamuufi adda ta'u aadaa, jaarmiyaa hawaasummaafi sirna seeraati jedha. Sirnoonni kunneenis hawaasummaafi sirna siyaasaa irratti hundaa'ee addunyaa irratti adda addummaa akka qabanis ibsa.

Kanaafuu, bakki tokko bakkeewwan kaan irra adda bahee ardaa jilaati jedhamuuf raagamtaa mataasaa hawaasaa keessaa qaba (Gemeda 2018, f. 1). Raagamtaan immoo waa'ee Waaqaa, amantii, jalqabbii addunyaa, uumaafi uumamaa ibsuuf gargaara (Bascom 1965, f. 4). Akkasumas, ardaaleefi muka Odaa irratti Waaqni afuura ayyaantummaa isaa buufate jedhamee yaadama (Dereje 2012, f. 82). Walumaagalatti, qorannoo kun dhimma qorannoolee birootiin xiyyeeffannaa gahaa hinargatin, hariiroo ardaaleen jilaafi seeronni Gadaa Tuulamaa qabantu xiinxalame. Bu'uuruma kanaan godaansa Gadaa Tuulamaa keessatti ardaa marii, ardaa seerri afaan itti saaqamu (jalqabamu), ardaa ibsi itti kennamuufi labsiin/lallabni dhumaa itti kennamu adda bahee xiinxalamee jira. Ragaaleenis bu'uura afseenessa (raagamtaa) hawaasichaatiin xiinxalame.

2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoowwan hanga ammaatti seerota Gadaarratti hojjetaman ardaalee jilaa seeronni Gadaa irratti tumaman, fooyya'aniifi lallabamaniin hariiroo qabaniin yemmuu ilaalaman gahaa miti. Qorannoowwan sakatta'aman akka ibsanittis Oromoon seerota bu'uura sirna Gadaan tumateen rakkoolee keessoofi alaa isaa furachaa turuufi ittiin bulaa akka ture akeeku (Filee, 2015 fi Mulugeta, 2014). Qorannoowwan lamaan kun seera Gadaa Maccaafi Seera Gadaa Karrayyuu

walduraa duuban xiyyeeffatanis tumaa seeraafi ardaalee jilaa wajjin wal hinqabatan. Dereje (2012) immoo Odaan Nabee hawaasummaa, siyaasaafi amantiif akka oolu ibsuun, Caffeefi gaaddisa Odaa bakka tokko godhee seenesse. Qorannoon isaa gahee Odaafi Maddi Walaabuu siyaasaafi amantii Oromoo keessatti qaban seenessa. Dabalataan, Dhaka koraafi Odaa bakka tokko godhee ibse (f. 84). Haata'u malee, ardaaleen jilaa Gadaa Sadeen Tuulamaa Odaa Nabee, Caffee Dongoraa, Caffee Tumaafi Dhaka kora (handoodee Tumaa) bakka adda addaatti kan argaman ta'anii tajaajila garaagaraaf oolu.

Alamaayyoo (2016, f. 47) immoo, "Gaaddisni Odaa bakka seerri Gadaa itti tumamu, seerri dabe itti qajeelu, iddoo murtiin itti raawwatamu, iddoo araarri itti bu'uufi bakka namni dhugaa Waaqaa itti argu" jechuun ibseera. Ibsa isaa kana keessatti bakka seerri itti tumamu kan jedhu qabatama Gadaa Tuulamaan hanqina. Dabalataan, Dirribaa (2024) uumama ulfoo Oromoo Tuulamaa ija ilaalchaafi afoola hawaasichaatiin qoratee jira. Qorannoon isaa kun uumama ulfoo Oromoo Tuulamaa hunda kan sakatta'e ta'us, hariiroo ardaalee jilaafi seerota Gadaa Sadeen Tuulamaa walitti fiduu irratti qaawwa qaba. Qorannoowwan biroo irra adda kan godhu Oromoon Tuulamaa uumama ulfoof seera kan tumuufi kabaja qabuuf ta'uu ni'ibsa. Haata'u malee, tumaan seeraafi uumamni ulfoon (ardaaleen jilaa) kunneen akkamitti akka walqabatan ibsuu hanqise.

Akka Gadaa Tuulamaatti ardaalee jilaa walii galaa Odaa Nabee, Caffee Dongoraa, Caffee Tumaafi Dhaka Kora (Handoodee Tumaatu) jiru. Akkasumas, ardaalee jilaa qixxee gosaa Sadeen Tuulama Daacci - Caffee Tumaa, Bacho – Caffee Bal'oofi Jiille – Gafarsa Kormaa qabu. Ardaaleen kunneen gahee isaan seera tumuufi lallabuu irratti qaban adda bahanii yoo ibsaman itti fufiinsa dhalootaa keessatti gahee qabaata. Kanaafuu, qorannoon kun bu'uura afseeneffamaafi raagamtaa hawaasichaan hariiroo ardaalee jilaafi seerota Gadaa Tuulamaa xiyyeeffatee hojjatame.

3. Ibsa Naannoo Qorannoo

Oromoon Tuulamaa gosoota Oromoo gurguddoo keessaa isa tokko. Oromoon Tuulamaa Kibbaan saba Guraagee, Bahaan Oromoo Karrayyuufi Arsiin, Lixaan Oromoo Maccaa, Kaabaan Oromoo Walloofi saba Amaaraa, Kaaba Bahaan ammoo saba Affaariin daangeffama. Tuulamni ilmaan sadii qaba. Isaanis Daacci, Bachoofi Jiille (Alamaayyoo 2014, f. xiii). Oromoon Tuulamaa giddu galeessa biyyaafi Oromiyaa keessa jiraata (Alamaayyoo, 2012). Oromoon Tuulamaa araddaa isaa ibsachuuf afoola keessatti, *Biyya fincaan Tuulama Sadeenii*, *Biyya Tulluu Saddeettan Waaqayyoo* fi *Biyya Hora Jahan Waaqayyoo* jedhee ibsata (Alamaayyoo, 2014). Araddaan Tuulamaa ardaa safuufi safeeffannaa hedduu kan qabuudha. Ta'us, hundeeffama Itoophiyaa haaraafi babal'ina amantii faana ardaaleefi aadaan jireenya isaa jeeqamaa tureera. Kunis, hundeeffama mootii sanyii Solomoon 1270 hanga 1540'tti araddaa Tuulamaa irratti weerarri akka ture Alamaayyoo (2016) ni'ibsa. Ardaaleen jilaa Tuulama Sadeen qaamaafi yaadan walitti fidan wiirtuuwwan waliigalaafi qixxeewwan gosaatti qoodamu. Kanas, gabaabinaan gabatee ittaanuun ibsuuf yaalameera.

Gabatee 2: *Cuunfaa Ardaalee Jilaa Gadaa Wiirtuu waliigalaa agarsiisu (Qorataan Qophaa'e).*

Ardaa Jilaa	Gochaalee raawwataman	Yoom akka raawwataman
Odaa Nabee	Ardaa sirni yakka qulqulleessuufi araaraa itti raawwatamu.	Waggaa Saddeettaffaatti
Caffee Dongoraa	Teessoo Abbaa Muudaati. Heerota (sammuu seerotaa) ta'an afaan saaqu.	Waggaa Saddeettaffaatti
Caffee Tumaa	Seerota waa maraa irratti tumuufi hiikuutu raawwatama.	Waggaa Saddeettaffaatti
Dhaka Kora	Ardaa seerri bal'inaan irratti mari'atamu, si baannadheen dhiyaatuufi ragga'u.	Waggaa Saddeettaffaatti

Gama biraatiin, ardaaleen jilaa qixxeewwan gosaa (baatee gosaa) jedhaman immoo bakka gosoonni seerota waloon Sadeen Tuulamaa wajjin Caffee Tumaatti tumatan bultoo bulanii hawaasa bal'aaf dhangalaasuun barsiisaniidha. Qixxeewwan gosaa irratti fincaan Tuulama Sadeenii (Daacci, Bachoofi Jiille) godaansa Odaa Nabeefi Caffee Tumaa duraafi booda irratti walgahu. Sirnoonni jajjaboon qixxeewwan gosaatti raawwataman yaa'ii bantii (sirna dhugaa baasuu), dhikkee lubbuu baasuu, yaa'ii dagaagaa taa'uu (madaallii ciminaafi hanqina Gadaa alangee Gadaa harkaa qabuurratti taasifamuu) fi hayyuu gosaa (bahaa gosaa) itti baasaniifi foolleen kuusaa filataniidha (Alamaayyoo 2014, Badhaasaa 2015 fi Caalaa 2023).

Gabatee 3. Cuunfaa Qixxeewwan Gosaa Sadeen Tuulamaa Agarsiisu (Qorataan Qophaa'e)

Qixxee Gosaa	*Gochaalee Raawwataman*	*Yoom akka raawwataman*
Caffee Daacci	Baatee fincaan Sadeen Daacciiti. Adeemsa fincaan Sadeen bal'ataa deemaniin qixxee (baatee) ofii magarfatan. Jidda qarree golbee, Odaa Amdeefi Qilxuu Gachii qixxee godhate. Oboo (7) Qilxuu fooqaa magarfate. Sooddo Odaa Kallachaa (Fooqa Dooroo) magarfate. Ardaaleen kun bakka bultoo bulanii seerota Gadaa wal barsiisaniifi baatee (baasa) gosatti dhufeef irra taa'aniidha.	Waggaa Saddeetiifi qixxee Waggaa Gadaatti.
Caffee Bal'oo (Marab Bal'oo)	Baatee Jahan Bachooti. Bultoo, yaa'ii bantii, yaa'ii dagaagaafi sirnoota hawaasummaaf irra taa'u.	Waggaa Saddeetiifi qixxee Waggaa Gadaatti.
Gafarsa Kormaa	Baatee Jahan Jiilleeti. Jahan Jiillee waloon yaa'ii bantii, yaa'ii dagaagaafi sirnoota hawaasummaaf irra taa'aniidha. Akkasumas, gosoonni Jahan Jiille manaafi balbalaan qixxee ofii niqabu.	Waggaa Saddeetiifi qixxee Waggaa Gadaatti.

4. Caayaa Yaaxxinaa

Qorannoon kun yaaxxina ijaarsa hawaasaa bu'uureffatee adeemsisame. Sababni isaas yaaxxinni kun jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf murteessaa waan ta'eef. Jiruufi jireenyi hawaasa tokkoo ilaalchaafi falaasama addunyaa kanaaf qabu irratti hundaa'ee ijaarama. Kunis dhugaafi haqni ijaaramee dhala namaaf kennama osoo hintaane, muuxannoo jireenyaa, mudannoo, aadaafi barsiifata adeemsa jireenya bara dheeraa keessa argateen ijaarrata. Durkhiem fi Mauss (2009, f. 1) yaada kana akka ibsaniitti, dhalli namaa gara addunyaa kanaa yemmuu dhufu ilaalchaafi falaasama qabatee osoo hintaane akka nama dukkanatti dhufeeti. Erga gara addunyaa kanaa dhufee adeemsa keessa muuxannoon addunyaa kana qajeelchee hiika itti kennee akka isaaf ta'utti ijaarrate.

Akkasumas, Berger fi Luckman (1966, f. 43) akka ibsaniitti, dhugaan/haqni quunnamtii hawaasummaa guyyuutiin ijaarama jedhu. Quunnamtii guyyuu dhalli namaa uumaa, uumamaafi sirna uumamaa wajjin taasisuun taateewwan jiruufi jireenya isaa keessatti isa qajeelchan ijaarrata. Kanaaf, ijaarsi hawaasaa dhugaafi beekumsa irratti akka hundaa'u hubanna. Galbin (2014, f.83) ijaarsa hawaasa yoo ibsitu, "Social constructionism involves challenging most of our common sense knowledge of ourselves and the world we live in." Kunis, ijaarsi hawaasummaa beekumsa waloo waa'ee keenyaafi addunyaa keessa jiraannu irratti dhiibbaa qaba. Kanaafuu, ijaarsi hawaasummaa hariiroo dhalli namaa uumaa, uumamaafi sirna uumamaa waliin qabuun kan ijaaramuudha. Oromoonis hariiroo uumaa, uumamaafi sirna uumamaa biraa waliin qabuun beekumsa safuufi hooda irratti hundaa'ee ijaarrate qaba. Kanneen keessaa seerri Gadaa isa tokko. Hiikni dhugaa ijaarrate sanaaf kennamus bu'uura aadaa isaati hordofa. Kunis ardaalee jilaa bakka dhugaan Oromoo irratti ijaarramu keessa isaan tokkoodha.

Hawaasni xabboon tokko hariiroo uumama biraa wajjin qabuun waan sirnoome tokko ijaarrata. Kunis, seera itti godhata jechuudha. Sirneessuun hariiroo wantootaafi yaadotaa tartiibessuun waan guutuu ta'e tokko uumuudha. Seerri immoo, akkaataa wanti guutuu ta'ee uumame sun haala sirriidhaan akka itti fufiinsa qabaatu taasisuudha (Taliila 2024, f. 143). Kanaaf, Oromoon seera sirnaaf yoo tumu akkaataa walxaxaafi hubatamuu hindandeenyeen osoo hintaane bifa dhalli namaa hubatee ittiin qajeeluu danda'uun gaaddisa ardaa jilaa irratti tumata. Ardaan jilaa immoo bakka banaa dhugaan Waaqaa lafaa irratti mul'atu ta'ee fudhatama. Kunis, afseenessaafi raagamtaa hawaasichaa irraa ijaarama.

5. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun saxaxa akkamtaa bu'uura taasifatee adeemsifame. Jamaan qorannichaa mala iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaan filataman. Maddi ragaalee abbootii seeraa Gadaafi yuubota Gadaati. Jamaa adda bahanirraa ragaaleen daawwannaa, afgaaffiifi marii gareetiin funaannaman. Qorannoo kana keessatti fuulleeffannaa hiikaatu (interpretive paradigm) hojiirra oole. Kunis, bu'uura xiin-beekumsa ijaarsaan (constructivist epistemology) hawaasni xabboon seera Gadaa irratti beekumsa qabu xiinxaluuf filatame.

Ragaalee malleen funaansa kanaan argaman maleenyaa xiinxala seeneffamaan (narrative inquiry approach) xiinxalaman. Kunis muuxannoo hawaasni xabboon beekumsa seera Gadaa tumuu, lallabuufi sirna madaalliifi mirkansaa (check and balance) irratti qabantu xiinxalame. Maleenyaa xiinxala seeneffamaa Clandinin fi Connelly, (2000) akka ibsaniitti, muuxannoo

jiraatame ibsuun addunyaa keessa jiraatan irratti hiika ijaara. Kunis, falaasama hawaasni tokko muuxannoo jiraatan irraa seenaa jiraatan (living), himatan (telling), deebisanii jiraatanii (reliving) fi deebisanii himatan (retelling) hordofa.

Kanaafuu, qorannoo kana keessatti malleen xiinxala seenessaan dhugaa hawaasni ijaarrate akkaataa seera isaan yayyabataniin xiinxaluuf dhimma itti bahame. Kunis, ardaalee jilaa Gadaa Tuulamaa keessatti afseenessi hawaasichaa akkamiin seera Gadaa wajjin akka walitti hidhanii ibsan kan xiinxaleedha. Muuxannoon seenaa ardaalee jilaafi seerota Gadaa Tuulamaa faana raagamtaa goromsa Walaabuufi garramticha Walaabuu Saaphalo irratti hundaa'ee seenessutu xiinxalame. Seenessi kunis, muuxannoo jireenya Tuulamaa keessatti kan jiraatan, himatan, deebi'anii jiraataniifi deebi'anii himataniin ardaalee jilaa wajjin hariiroo uuma.

6. Xiinxala Ragaalee

Akka ragaaleen afgaaffiifi marii gareerraa argaman ibsanitti, ardaaleen jilaa Gadaa Tuulamaa raagamtaa goromsa Walaabuu wajjin walqabata. Afseenessa Oromoo Tuulamaa keessatti godaansi ardaalee jilaa Gadaa Tuulamaa daandii Saaphalo (Garraamtichi Walaabuu) irra deeme hordofa. Kun immoo seenessi hawaasni xabboon tokko ijaarratu ka'umsa qabaachuu akeeka. Ka'umsa sana akka Clandinin fi Connelly (2000) ibsaniitti, seenessa ijaarrataniin muuxannoo dhuunfaa godhachuun jiraachuu (living), himachuu (telling), deebisanii jiraachuu (reliving) fi deebisanii himachuu (retelling) hordofu. Raagamtaan goromsa Walaabuufi Saaphalo ardaalee jilaa marmaaruu Gadaa Tuulamaa keessatti muuxannoo kanneen hordofa. Kunis, akkaataa iddoo tokko wajjin hidhata uumaniifi hiika kennan wajjin walqabata. Seeneffamnis tooftaa muuxannoo taateewwanii walitti fidu akka ta'e (Oring, 1986) ni'ibsiti. Haaluma kanaan raagamtaan goromsa Walaabuu akka ittaanutti dhiyaateera.

> ***Afseenessa 1.*** *Bara dur namicha Saaphalo jedhamu horiin kuma citetu naannoo Walaabuu jiraata ture jedhan. Guyyaa tokko goromsi gaana kaastee korma fudhattee Walaabuu kaate. Namichis Farda fe'ate wajjumaan ka'e. Bakka goromsi ciiste taa'aa, bakka goromsi bulte bulaa ji'a Sagal booda Malkaa Dubbisaa gahe. Malkaa Dubbisaatii goromsi Hora hulluuqaa arrabdee Qarree Golbee, Odaa Amdee, Hora Jijjigaa, Qilxuu Gachii, Gaara Cuqqaalaa, Malkaa Saddeeqaa irra ceetee Odaa Nabee jala ciiste. Odaa Nabeetti many'ee mul'ise. Caffee Dongoraatti (Dh)oota buuste. Caffee Tumaatti dhalte. Handoodee Tumaatti dil'uu buuste. Waatiifi korma qabattee hora Finfinnee dhaqxe. Hora Finfinnee arraabdee Gaara Erer qabatte. Kormi Gaara Erer'tti biraa hafe. Goromsiifi namtichi walqabatanii Odaa Roobaan bahanii Walaabuutti galan. Sana booda asii eebba achii fudhannee seera achitti tumanna jedhanii garas deeman. Saaphalos bakkan goromsa koo wajjin irra deeme irra deemaa, bakkan bule bulaa, Odaa Nabeetti walgahaa wal-araarsaa, Caffee Dongoraatii eebba fudhaa, Caffee Tumaatti seera tumadhaa, Handoodee Tumaatti hofkaltii walii kennaa jedhee achumaa eebbisee kenneef jedhama (Naggasaa Nagawoo - Afgaaffii 09/08/2017).*

Raagamtaa kanarraa kan hubatamu, Gadaan Tuulamaa ardaalee jilaa irra marmaaree sirna Gadaa kan raawwatu kaatee himatu qabaachuudha. Gadaan Tuulamaa bara godaansa Gadaa ardaalee kanneen irra marmaaruun sirnoota xabboo raawwata. Seerota Gadaa Odaa Nabee jalatti qulqulleessee Caffee Dongoraatti afaan saaqa. Seerota Caffee Dongoraatti afaan saaqe Caffee Tumaatti bal'inaan ibsa itti kennee tumata. Bultoo Waggaa tokkoo qixxee gosaa booda

immoo Handoodee Tumaatti (Dhaka Koratti) deebi'ee seera seerame taasisee raggasiifata. Akka raagamtaan kanaatti Odaa Nabeetti goromsi many'ee mul'isuun abdiidha. Waan fuulduratti raawwatamuuf karaa saaquudha. Kanaaf, Gadaan Tuulamaa seera Gadaa tumachuun dura Odaa Nabeetti sirna waan hunda dursee yakka qulqulleessuu raawwata. Caffee Dongoraattis seera afaan saaquun sirna uumamaa goromsi oota buusuu sanaan fakkeeffata. Sirna uumamaa keessatti '*Oota'* buusuun gadaamessi banamuudha. Gadaamessi erga banamee kan itti aanu dhalachuudha. Seerota ulfoon seera Waaqaa, seera Lafaa, seera Abbaa, seera Haadhaa, seera Tulluufi seera Malkaa Caffee Dongoraatti afaan saaqu (Caalaa Soorii – afgaaffiin 29/07/2017).

Kanaafuu, Gadaa Tuulamaa keessatti muuxannoo Saaphalo jiraachuu, himachuu, deebisanii jiraachuufi deebisanii himachuun nimul'ata. Kaateen Gadaan ardaalee jilaa eeraman irra marmaartu seenessa muuxannoo kana qajeelchu, ibsuufi ijaaruu qabdi jechuudha. Hawaasni xabboon jireenya guyyuufi kanneen biroo seenessa ijaaruun qajeelcha. Seenaa jiraates bu'uura seenessa kanaan hiika. Seenaa har'a jiraatan seenaa kaleessa gara addunyaa kanaatti itti dhufan ijaarratanii muuxannoo jiraatan irraas hiika ijaarratu. Yaadrimee raagamtaa goromsa walaabuu keessa jiran seenessa armaan gadii qabu.

Gabatee 4. *Cuunfaa Raagamtaa Goromsa Walaabuu Mul'isu (Qorataan Qophaa'e)*

Walaabuu kaate	***Walaabuu kaate:-*** Seeneffama bishaan ganamaa (uumee Walaabuu baate) jedhu bakka bu'a. Raagamtaa uumamaati agarsiisa.
	Saaphaloo/Booranticha:- Horo (Oromoo) waan bakka buufatan fakkaata. Akkasumas, fakkoommii ayyaantummaa (Nabiiti) qaba.
	Kormaafi Goromsa:- Fakkoommii horoofi hortuuti qaba. Akkasumas, hariiroo kornayaa agarsiisa.
	Malkaa Dubbisaa:- Yaadannoo Walaabuuti. Walaabuu ganamaa sana argachuun waan hindandeenyeef bakka buufatanii seenessu.
	Lafa, Korma, Goromsaafi Waatii:- sirna uumamaa kan agarsiisuudha. Akkasumas, fakkoommii itti fufiinsa dhalootaati agarsiisa.
Walaabuutti deebite	***Walaabuutti deebi'uu:-*** madda ganamaa barbaaduu seenessa.

Seera Gadaa Tuulamaa Caffee Tumaatti yemmuu tuman '*Seerri dhalate'* jedhu. Kunis, sirna uumamaa raagamtaa olii keessatti mul'atu hordofa. Goromsi Caffee Dongoraatti oota buuste caffee tumaatti waan dhalteef faana sana hordofa. Dhalachuun milkiidha. Waan eeggamu argachuufi itti fufiinsa ofkeessaa qaba. Akkasumas, goromsi Caffee Tumaatti dhalte Handoodee Tumaa (Dhaka Koratti) darbitee dil'uu buuste. Dil'uu buusuun hofkaltii sirna uumamaa hormaata keessatti mul'atu. Kanaafuu, tumaa seera Gadaa Tuulamaa keessatti Odaa Nabeetti sirna yakka qulqulleessuu raawwatanii, Caffee Dongoraatti seera afaan saaqanii (jalqabanii), Caffee Tumaatti seera waa maraa tumatanii, waggaa tokkoof bultoon bulanii hawaasa bal'aa wajjin mari'atanii booda handoodee tumaatti seera ta'ee ragga'a. Seerri marii yeroo dheera booda seeramee, hawaasni sarmee fudhatetu ragga'a waan ta'eef hofkaluu agarsiisa. Walumaa galatti, tumaan seera Gadaa Tuulamaafi ardaaleen jilaa Gadaa Tuulamaa bu'uura raagamtaa kanaan walitti hidhamu jechuudha. Tuulamni raagamtaa kana faana bu'uun muuxannoo ardaa jilaa godaanuufi seera Gadaa tumachuu gabbifate.

Hariiroo Ardaalee Jilaafi Seerota Gadaa Sadeen Tuulamaa

Akka ragaaleen daawwannaa, afgaaffiifi marii gareerraa argaman ibsaniitti ardaalee jilaafi seeronni Gadaa Sadeen Tuulamaa hariiroo cimaa waliin qabu. Ardaaleen wiirtuu waliigalaa Gadaa Tuulamaa ta'an Odaa Nabee, Caffee Dongoraa, Caffee Tumaafi Handoodee Tumaa (Dhaka Kora). Akkasumas, qixxeen gosaa sirnoota jilaa godaansa Gadaa duraafi booda irratti raawwatan niqabu (Hundee Bayyanaa – afgaaffii 24/09/2016).

Odaa Nabeefi Seera Gadaa Tuulamaa

Akka ragaaleen qorannoo kanaa agarsiisaniitti, Odaa Nabee Gadaa Tuulamaa keessatti bakka Gadaa hojiiwwan Waggoota Saddeettan darban raawwataman itti qorataniidha. Gahee raawwii sirna Gadaa keessatti qabu afseenessa ittaanurraa hubanna.

> ***Afseenessa 2****. Odaan Nabee araddaa jalqabaa warri Gadaa Tuulama Sadeenii jalatti walgahaniidha. Iddoo sirni yakka qulqulleeffannaa itti raawwatamu. Sirna yakka qulqulleeffannaa dura Tuulamni Sadeen walgahuutu qoratama. Kan walloles qorachuun araarsu. Bakka itti walqoratan malee bakka seera itti tuman miti. Haala Tuulamni keessa jiru qoratanii qulqulleessu. Achii yoo ka'anis, waleebbisanii korma qalatanii biluu bilatanii irraa ka'u malee seera achitti hintumani (Naggasaa Nagawoo - Afgaaffii 09/08/2017).*

Afseenessa kanarraa akka hubatamutti, Odaa Nabeetti Gadaan Tuulamaa qaamaafi yaadan walgahee sirna yakka qulqulleessuufi araara dubbata. Kunis, seerota Gadaa Waggoota Saddeettan dhufan ittiin biyya bulchan tumachuun dura ciminaafi hanqina jiru adda baasanii ardaa itti madaalaniifi mirkaneessani. Dhibdee dhikkee lubbuu, waldhabdee gosoota gidduu, waldhabdee miseensota Gadaa gidduu, dhibdee hangafaafi quxusuu gidduu jiru qulqulleessu. Haaluma kanaan, daawwannaa (Waxabajjii 05/10/2017) godaansa miseensa Gadaa Muudanaa bara 2017 taasifameen Odaa Nabeetti dhibdeewwan jiraachuu akka qulqulleessan mul'atee jira. Dhibdeewwan godaansa miseensa Muudanaa Gadaa Tuulamaarratti dhiyaatan keessaa dhikkee lubbuu (gumaa artisti Daadhii Galaan), dhibdee hangafooma gosootaafi hangafooma warra abbaa faajjii Sadeen Tuulamaarratti dhiyaatan adda bahaniiru. Dhibdeewwan hangafooma irratti ture araarsuun, dhibdee dhikkee lubbuu wajjin walqabatan qixxee ofiitti galanii akka xumuratan abboonni seeraa, yuubonniifi abbaa bokkuun kallattiin kenname. Afseenessi ittaanus Odaan Nabee ardaa araaraa ta'uu mirkaneessa.

> ***Afseenessa 3.*** *Odaan Nabee dirree araaraati. Dirree itti namni araaramu. Dirree itti Gadaan araaramtu. Dirree itti Gadaan rakkoo hiiktee araara buustu. Dirree itti Gadaan eebbaan Waaqa itti kadhattu. Odaan Nabee dirree foolleen birbirsa fidee dhaabee miseensi waloon korma qalatee waleebbisee nyaatee taphatu. Kan wallole araaramee waliin korma qalatee eebbifatu (Marii garee–Odaa Nabeetti 07/10/2017).*

Afseenessa kanarraa akka hubatamutti, Odaan Nabee Gadaa Tuulamaaf dirree araaraa ta'uudha. Kunis, raagamtaa goromsa Walaabuu wajjin walqabatee garraamtichi Walaabuu goromsa faana dhahee dhufe Odaa Nabee jalatti yemmuu boqate bokkaa yeroo dheeraaf hinroobin ture roobe

jedhama. Odaan Nabee bakka Waaqni karaa garraamticha Walaabuu uummatatti araarame ykn waadaa haaromse jedhamee waan abdatamuuf Gadaan Odaa Nabee jalatti araara buusa (Caalaa Soorii–afgaaffii 29/07/2017). Kanaafuu, Odaan Nabee bakka tumaa seeraa osoo hintaane bakka seerri Gadaa Tuulamaa akkaafi akka malee ta'uu isaa qorachuun Gadaa itti aanutti kan cimu cimsee, kan hanqina qabu guutee tumachuuf yaa'ii taa'amuudha. Hariiroo sirna madaalliifi mirkansaa qaba jechuudha.

Caffee Dongoraafi Seerota Gadaa Tuulamaa

Sirna Gadaa Tuulamaa keessatti ardaan jilaa Caffee Dongoraa wiirtuu abbaa muudaa ta'uun seeneffama. Gadaan Waggaa Saddeet Saddeetiin Odaa Nabeetti godaanuun erga sirna yakka qulqulleessuufi araara buusuu raawwatee wiirtuu Abbaa Muudaa irraa eebbaafi hofkaltii fudhatu. Sana booda yookiin ittaansee afaan saaqqatu. Sirni achitti raawwatus afaan saaqii jedhama. Sirna afaan saaqii kanarratti abboonni seeraa seerota ulfoo (sammuu seerotaa) kan heerota jedhamanii beekkaman afaan saaqu. Sababni seera afaan saaqii jedhamuuf seerota kanneeniif ibsi ardaa sanatti waan hinkennamneefi (Hundee Bayyanaa – afgaaffii 24/09/2016). Heerota sababni jedhamaniif hinfooyya'an, hinjijjiiraman waan ta'aniifidha. Ardaa jilaa Caffee Dongoraa irra oolan malee irra hinbulani. Abboonni seeraa yoo seera afaan saaqan, miseensonni Gadaan immoo irratti irreeffatanii darbu. Abbaan muudas Gadaa eebbisee hofkaltii kenna. Akkasumas, abboota seeraa seera Gadaa Tumaniifi Gadaa seera tumameen biyya bulchutti waadaa tuma. Waadaa abbaan muudaa tumu afseenessa gadiirraa hubatama.

> ***Afseenessa 4****. Seera Gadaa keessatti seera hindabsin, dhugaa hinjallisin, aadaa hindabsin, xinnaa guddaa wal hindabarsin, hiyyeessaa dureessa wal hindabarsin, uummata kee walqixxee bulchi, yoo kana dabarte cubbuudha, ilmoo keetiin si dhaqqaba, ilmaa intalaan si dhaqqaba, qe'een si dhaqqaba, qabeenyaan si dhaqqaba, qumbii kana qumbii dhugaatiin sii kenne dhugaa Waaqaa-lafaa hindabsin jedhee waadaa galcha (Naggasaa Nagawoo – afgaaffii 09/08/2017).*

Akka afseenessa kanarraa hubatamutti, tumaa seera Gadaa keessatti waadaan jiraachuutu mul'ata. Abbaa muudaafi Gadaa gidduu hariiroo eebbaafi ofkaltiitu jira. Gadaan abbaa muudaa eebbisa; abbaan muudaas Gadaa eebbisa. Gadaan Gadaa isaa hofkaluuf eebba Abbaa Muudaa irraa fudhata. Qaalluunis, qumbii sana akka dhugaa Waaqaa lafaa ittiin eeguutti eebbisee waadaa galchee nyaachisa. Abbaan Gadaa qumbii sana fudhate waadaa waan qabuuf baay'ee hindubbatu. Dabalataan, Abbaan Muudaa Gadaa Qumbii yeroo fudhachiisu akkaataa armaan gadiitti waadaa galcha.

> ***Afseenessa 5****. Afaan kee hooda, soba hindubbattu, waan hinjirre hindubbattu, nama hin hamattu, kan si arrabse deebistee hinarrabsitu, arrabni kee hooda qaba waan ta'eef, yoo waan hamaa argite mul'atte deebitee hinilaaltu, ijji kee namaa hintolu waan ta'eef ofeeggadhu jedhaani (Caalaa Soorii - afgaaffii 29/07/2017).*

Afseenessa kanarraa akka hubatamutti, namni qumbii wiirtuu muudaa irraa fudhatee alangee Gadaatti dhufe obsaafi ofeeggannoo taasisuu qaba. Kan hinariifanne, arrabsoof kan hinjarjarre ta'uu qaba. Safuu, hooda, dubbii arrabaafi mil'uu ijaallee eeggachuu qaba. Hawaasa bulchuuf eeggannoo godhuu akka qabu akeeka. Hariiroon wiirtuu muudaafi Gadaa gidduu jiru cimaa kan

safuufi safeennaa irratti hundaa'e ta'uus akeeka. Haala kanaan erga abboonni seeraafi Gadaa seera tumsiifatu waadaa galanii booda seerota ulfoo (heerota Jahan Waaqaa) afaan saaqu. Seeronni kunneen yemmuu tumaniifi dubbatan seera haajedhaman malee heerota jedhamanii beekkamu. Sababni isaa seeronni kunneen hinjijjiiraman, hinfooyya'an, ittis hindabalan, irraas hinhir'atan. Gadaan garuu bara godaansa akka haaraatti irra deebi'uun tumsiifatu (Naggasaa Nagawoo – afgaaffii 09/08/2017). Seerota ulfoo kunneenis Waaqni ulfaadha, Lafti ulfoodha, Abbaan ulfaadha, Haati ulfoodha, Tulluun ulfaadhafi Malkaan ulfoodha jedhanii afaan saaqu. Walumaa galatti, hariiroon ardaa jilaa Caffee Dongoraafi seerota Gadaa gidduu jiru hariiroo seera afaan saaquu (jalqabuuti). Kunis, seerota hangafa waa maraa ta'an itti aggaamuu wajjin walqabata. Seerota hinfooyyofne, hinjijjiiramne, itti hindabalamneefi irraa hinhir'anne, marsaa godaansa kamiyyuu keessatti akkuma jiratti tumaman waan ta'aniif heera jedhamu. Heerri waan ganama heerame (kenname) jechuudha.

Caffee Tumaafi Seerota Gadaa Tuulamaa

Akka ragaaleen ibsaniitti, ardaan jilaa Caffee Tumaa bakka seeronni Caffee Dongoraatti afaan saaqaman itti ibsamaniifi seeronni waa maraa Gadaa Tuulamaa heera keessaa bahuun irratti tumamuudha. Ardaa jilaa kanarratti seerri Gadaa halkan tumama. Akka rag-kennitoonni abboonni seera Gadaa Jaldee Dabalaa, Jaldee Waaqtolaafi Makuraa Gadaa ibsaniitti sababni seerri Gadaa Tuulamaa halkan tumamuuf raagamtaa ayyaantummaa Boorantichaa wajjin walqabata. Kunis, yaa'ii Boorantichi yaamee seera tume halkan waan ta'eef halkan tumuun yeroo qalbiin namaa wantoota adda addaan hinbutamnetti ta'uu ibsu (Marii garee – Caffee Tumaatti, 12/10/2017). Akkasumas, yaadannoo yaa'ii Boorantichaa ta'uus akeeku. Seeronni Caffee Dongoraatti afaan saaqan bifa armaan gadiitiin miseensa Gadaatiif lallabama.

Abba-seer seera tumu	**abba-seer jalaa qabu**
Jaaloo,	oo
Jaaloo,	oo
Seerri dhalate	seera maaltu dhalate?
Seera Waaqaa lafaatu dhalate	sii galeefan jedha
Waaqni ulfaadha	sii galeefan jedha
Lafti ulfoodha	sii galeefan jedha
Abbaan ulfaadha	sii galeefan jedha
Haati ulfoodha	sii galeefan jedha
Tulluun ulfaadha	sii galeefan jedha
Malkaan ulfoodha	sii galeefan jedha

(Daawwannaa - Caffee Tumaatti 09/10/2017)

Seerota kanneen erga haala kanaan yuubni lamaan fuula walitti gara galanii jamaa rabate (taa'e) fuulduratti dhaabbatanii alangee raasaa lallabanii booda akka uummanni hubatuuf abba-seer jalaa qabu deebi'ee *'Jaal oo!'* jedhee yoo waamu abba-seer seera tumu immoo *'Oo'* jechuun owwaata. Akka ibsi irratti kennamuuf, *'Waaqni ulfaadha jettee, Waaqni maaliif ulfaate?' 'Lafti ulfoodha jettee, Lafti maaliif ulfaatte?' 'Abbaan ulfaadha jettee, Abbaan maaliif ulfaate?' 'Haati ulfoodha jettee, Haati maaliif ulfaatte?' 'Tulluun ulfaadha jettee, Tulluun maaliif ulfaate?' 'Malkaan ulfoodha jettee, Malkaan maaliif ulfaatte?'* jedhee tokko tokkoon gaafata

(Daawwannaa - 09/10/2017, godaansa miseensa Gadaa Muudanaa irratti). Ibsi haala gabatee armaan gadii keessatti agarsiifameen kennama.

Gabatee 5: *Cuunfaa Seerota Ulfoo Gadaa Tuulamaa (Qorataan Qophaa'e)*

Seerota Jahan Waaqaa	*Ibsa Kennaman*	*Qaama ibsa kennu*
Seera Waaqaa	Waaqni maaliif ulfaate? Waaqni kan ulfaateef uumaa waa hundaati. Dhiiga nama godha, hindhalu hindhalchu, hindulloomu hindu'u kanaaf ulfaate.	Abba-seer (Yuuba II)
Seera Lafaa	Lafti maaliif ulfaatte? Lafti wanti ulfaatteef jiraa baattee du'aas waan fudhattuufidha. Waan itti kennan amanamummaan waan namaa deebistuufi.	Abba-seer (Yuuba II)
Seera Abbaa	Abbaan maaliif ulfaate? Waaqatti aanee kan nama uumu, qotee nama nyaachisa, horee aannan nama obaasa, daara nama baasa, namatti fuudha kanaaf ulfaate.	Abba-seer (Yuuba II)
Seera Haadhaa	Haati maaliif ulfaatte? Ji'a sagal garaatti baattee, deesse harma hoosisteefi xurii namarraa miiccitee waan guddistuufi. Ofii obsitee nama nyaachisti kanaaf ulfaatte.	Abba-seer (Yuuba II)
Seera Tulluu	Tulluun maaliif ulfaate? Waaqnuu lafa hundaa keessaa olkaasee uume, bakka ilmoon namaa jalqaba itti uumameefi irra dhaabbatanii Waaqa kadhatan waan ta'eef ulfaate.	Abba-seer (Yuuba II)
Seera Malkaa	Malkaan maaliif ulfaatte? Bakka jiidhinaafi bishaan lubbuu namaaf barbaachisu itti Waaqni namaaf kuuseefi irreeffannaa waan ta'eef ulfaate.	Abba-seer (Yuuba II)

Akka ragaaleen argaman ibsaniitti, seerota sammuu seeraa (ulfoo) jedhaman erga tumanii booda seerota akka-seer (seerota jijjiiramuufi fooyya'uu) danda'antu tumama (Naggasaa Nagawoo – afgaaffii 09/08/2017). Kanas akka armaan gadiitti tumu.

Abba-seer seera tumu	**Abba-seer jalaa qabu**
Jaaloo,	oo
Jaaloo,	oo
Karti akka seer	sii galeefan jedha
Bitimaan akka seer	sii galeefan jedha
Gulantaan akka seer	sii galeefan jedha
Sumsumni akka seer	sii galeefan jedha
Utubaan akka seer	sii galeefan jedha
Ciibsaan akka seer	sii galeefan jedha
Abdaariin akka seer	sii galeefan jedha

Tumaan seerota kanneenii qe'ee ykn mana nama dhuunfaa keessaa ka'u. Bu'urri isaanis safuufi safeeffannaa, hoodaafi laganna ofkeessaa qabu. Seeronni kunneen yaadrimee kanaan yoo ibsaman yoo abbaan ulfina kenneef ulfina argatu yaada jedhu ofkeessaa qabu. Kartiifi

Bitimaan warra tokkoo abbaatu butata/cufata, saaqas. Kartiifi Bitimaan abbaa qe'eef *'Akka waan ta'eef gamma safuu*' qaba. Abbaan arge saaquu hindanda'u. Abiddiifi sumsumni ulfinaafi kabaja waan qabaniif yoo abbaan namaa kenne malee abbaan arge akka feeteen itti darbee fudhachuu hindanda'u. Gulantaa namaatti akka malee darbuun hooda cabsuudha. Ciibsan bakka abbaan loon hore irra ciibsatu waan ta'eef ulfina abbaan kenneef qaba (Jaldee Dabalaa – afgaaffii 12/10/2017). Abdaariin yaadrimee dhugeeffannaa waan qabuuf ulfina abbaan kenneef qabdi. Kanaafuu, seeronni akka-seer ulfina abbaan kenneef qabu kan jedhu akeeku. Bu'uura kanaan Gadaan Caffee Tumaatti seerota hedduu uumaa, uumamaafi sirna uumamaa wajjin walqabataniif nituma. Kanneen ittaanan seerota akka-seer Gadaan tumamani.

Abba-seer seera tumu	**Abba-seer jalaa qabu**
Jaaloo,	oo
Jaaloo,	oo
Faajjiin akka-seer	sii galeefan jedha
Bokkuun akka-seer	sii galeefan jedha
Kallachi akka-seer	sii galeefan jedha
Caaccuun akka-seer	sii galeefan jedha
Calleen akka-seer	sii galeefan jedha
Buttaan akka-seer	sii galeefan jedha
Rakoon akka-seer	sii galeefan jedha
Meedhachi akka-seer	sii galeefan jedha
Qaalluun akka-seer	sii galeefan jedha
Gumaan akka-seer	sii galeefan jedha
Horri akka-seer	sii galeefan jedha

(Naggasaa Nagawoo – afgaaffii 09/08/2017).

Akka rag-kennitoonni ibsaniitti, seerota kanneen hiikuufi ibsuun gahee abboota seeraati. Kanaaf, namni geettii gadoomaan caffee godaanee seerota kanneen hinwaraabbannee lallabuu, hiikuufi ibsuu hindanda'u. Rag-kennitoonni qorannoo kanaa seerota kanaafi kanneen biroof ibsa kennuu irraa ofqusatu. Sababni seeronni kunniin hiikaafi ibsa kan argatan akkaafi bakka waan qabaniifidha. Kunis, taatee wajjin walqabsiisanii waan hiika argataniif akka ta'antu ibsama. Seerri akka-seer jedhamu kabajaafi ulfina kan argan seera Caffeen tumteef qabaatanii yoo abbaan ulfina kenneef ulfina argatu jechuudha. Haata'u malee, *'Namni seerota kanneen hinkabajne maal ta'a'* kan jedhuuf *'Abaarsatu isa hordofa'* kan jedhunu ibsu. Hariiroo ardaan jilaa Caffee Tumaa seerota Gadaa wajjin qabu bakka wixineen seerota waa maraa itti bahuufi tumamu ta'uudha (Daadhii Badhaasoo – afgaaffii 12/10/2017).

Handoodee Tumaa (Dhaka Kora) fi Seerota Gadaa Tuulamaa

Akka rag-kennittoonni ibsaniitti, Dhaka korri ardaa jilaa seerri Gadaa Tuulamaa Caffeen tumte dhumarratti itti ragga'u ykn seera ta'ee lallabamuudha. Kunis, seera Caffee Tumaatti tumame erga bultoon waggaa tokkoof qixxee gosaatti irratti mari'atamee booda ragga'a. Hariiroo ardaa jilaa Handoodee Tumaafi seerota Gadaa Tuulamaa afseenessa armaan gadii keessatti ibsameera.

> ***Afseenessa 6****. Dhaka Korri Siida ujuba Tuulamaati. Seerota Caffee Tumaatti tumatanii biyyattiin galan sana bultoo bulanii bakka fooyya'u fooyyeessanii, bakka itti dabalamu itti dabalanii, bakka irraa hir'atu irraa hir'isanii waggaatti deebi'anii irratti raggaasiifatu. Raggaasifachuu dursanii miseensi si baannadhe jedha. Seera Caffeen tumte irratti gaaffii uummanni kaase lallabatu. Achii marii bal'aa erga taasisanii booda dhakaa sana koraniiti lallabu/raggaasisu. Seera kana kan Dhakaa koree lallabu abbaa seeraati. (Hundee Bayyanaa – afgaaffii 24/09/2016).*

Akka ragaan rag-kennitootarraa argame ibsutti, Dhaka korri siidaa awwaalcha Tuulamaa irra dhaabbate waan ta'eef, awwaalcha abbaarra dhaabbatanii waadaa galu. Waadaan sunis akka hincabne, dabneefi jallanne dhugaafi haqa qofaarratti hundaa'anii ittiin akka hojjetan akeeka. Seerri Dhaka Koratti lallabamu adeemsa mataasaa qaba. Kunis, hayyuun miseensa Gadaa dura turee Dhaka Kora koree *'Seeran Dhalcha'* jedha. Miseensi haaraan immoo *'Ilmoo Dhalchi'* jedhan. Innis deebisee *'Seeran Dhalcha'* jechuun dhaadata. Isaanis deebisanii *'Hindhalchitu'* jechuun itti dhaadatu. *Seeran dhalcha jechuun seeran tuma/lallaba* jechuudha. "*Ilmoo dhalchi jechuun isaanii immoo geettiin kee xumuramee waan jiruuf seera geettii kootiif ta'u anatu tumata/lallabata bu'i jechuudha"* (Caalaa Soorii – afgaaffii 29/07/2017). Erga inni irraa bu'ee hayyuu miseensa haaraatu kora. Kana jechuun miseensi Gadaa geettiin isa gahe tokko seera Gadaa biyyaan bulchu dhuma irratti ofumaaf akka lallabatu hubanna. Hayyuun seeran dhalcha jedhus ofumaa tumuu akka hindandeenye nibeeka. Miseensi haaraan xiyyeeffannoo seera tumamuuf kennuu akka qaban akeekuuf yaadeeti. Dabalata, morkii sirnaati ibsa. Sababni miseensonni lamaan hariiroo walaannaa qabu. Dhiibbaan isaan walirratti godhan hubannaa sirnaafi seerota cimsa malee dhiibbaa hi'eentaa ta'e walirratti hinqabu.

Akka rag-kennitoonni ibsaniitti, hayyuun seera lallabuuf Dhaka kore sun seera lallabuun dura jinfuu lafatti aggaamuun miseensota waadaa galcha. Kunis *'Seerri kun hinjigu, seerri kun dhangala'u, seerri kun hindabu, seerri kun itti hindabalamuufi seerri kun irraa hinhir'ifamu'* jechuun lallaba (Jaldee Dabalaa – afgaaffii 12/10/2017). Kana booda hayyuun seerota ulfoofi seerota akka seer ta'an adda baasee dhangalaasa. Dhaka Koratti Dhakaa koree kan seera dhangalaasan namoota Sadiidha. Isaanis Abbaa Faajjii, Abbaa Jahan Galaaniifi Abbaa Shananiiti. Akka Oromduriitti namoonni kunniin namoota dhaqna hinqabannee ta'uu qabu turan. Amma garuu, haalli jiruufi jireenya hawaasaa waan jijjiirameef Dhaka Koratti hirkatu malee irra koranii seera hindhangalaasani. Ulaagaan filmaata namoota kanneenii hangafoomaafi warra Bokkuu harkaa qaban ta'uu isaaniiti (Caalaa Soorii – afgaaffii 29/07/2017).

Abbaan seeraa seera labsu/lallabu ganama yemmuu *'Boroon diimattu baha Biiftuutti garagalee lallaba.'* Kunis, abdii fuulduratti seera Gadaa tumatan sanaaf qaban ibsachuuf barii baha biiftuutti garagalanii lallabu. Seera kanas yemmuu lallaban, seerri Gadaa darbee kufe, seerri Gadaa alangee Gadaatti dhufu ka'e jedha. Fakkeenyaaf, '*seerri Gadaa Meelbaa kufe, seerri Gadaa Muudanaa ka'e*' jechuun lallaba. Sana booda miseensa haaraa alangee Gadaa fudhateen, *'Seera siif labsine fuudhii galii biyyaan bulchi'* jedhaani. Erga seera Gadoomaa kana ardaa jilaa handoodee tumaatti labsiifatee booda miseensi hundi biyyatti galee ji'a afraasaa keessa goodatee (luboomee, buttaa qalee) gadooma (Caalaa Soorii – afgaaffii 29/07/2017). Asirraa

wanti hubatamu, ardaaleen jilaa, seeronni Gadaafi sirni Gadoomuu (Gadaa) ta'uu sirnaan kan walitti hidhatan ta'uudha. Dhaka korri hariiroo seera raggasiisuuti qaba jechuudha.

Qixxeewwan Gosaafi Seerota Gadaa Tuulamaa

Qixxeewwan gosaa/lammii kunneen bakka gosoonnifi miseensonni Gadaa Shananii sirna baallii kennuufi fudhachuu duraafi booda irratti kan walgahaniidha. Qixxee gosaarratti miseensi miseensa isaan walbara, foolleen hayyuu ofii barti, ulfaan gosaa jiraachuu qoratu, ciminaafi hanqina akka gosaafi miseensa Gadaatti qabanirratti walqoratu. Qixxee gosaa irratti namni Gadaan milkii toluufi didde guulaaf iyyata galfata. Afurtama abbaa ofii eeggatee walgahuun caayaa bara, ilma gulantaa Gadaa Abbaa hinhulluuqne asitti ofkeessaa baasu. Qixxeen gosaa jabaa baasa, gumaa baasa, foollee diina qolatuuf gargaarsa taasisa, kan du'eef gumaa baasa. Miseensi Gadaa qixxee gosaatti kan walgahu gadoomee gaafa waggaa afraffaafi saddeettaffaatti. Hanqinoota isaan mudate qoratanii guuttachuuf walgahu. Sababni walaannaan Gadaa hanqina miseensi Gadaa sanaa qabuun arrabsuu waan danda'uuf hanqina sana guuttachuuf mariif walgahu. Kunis, Gadaan isaanii Gadaa abaarsaa akka hintaane, Gadaa eebbaa akka taatu, icciitiin waljabeeffatanii kan jabaachuu qabu jabeessanii, kan mirga argachuu qabuuf mirga kennanii hanqina ofii guuttatu (Sisaay Bulbulaa – afgaaffii 09/08/2017).

Tuulamni Sadeen qixxee gosaa mataasaanii niqabu. Caaseffama Gadaa Tuulama Sadeenii keessaa Bachoon tokko. Caffeen Bal'oo ykn Marab Bal'oon ardaa jilaa Jahan Bachoo jila Gadaa irratti gaggeeffatan. Ardaan jilaa kun gosni Bachoo ardaa jilaa Odaa Nabee, Caffee Dongoraa, Caffee Tumaafi Dhaka Kora godaanuun dura irratti walgahanii rakkoo hawaasa naannoo bal'inaan kan irratti mari'ataniidha. Akkasumas, ardaa kanarratti osoo irraa ka'anii gara Caffee Tumaa waliigalaa hingodaaniin korma irratti qalatanii waleebbisanii milkiin irraa ka'u (Daawwannaa – 21/09/2017). Seerota Caffeen Tuulama Sadeenii tumuun dabarse bakka itti hawaasa waliigalaa barsiisaniifi lallabani. Dabalataan, gosti Tuulamaa Jiillees ardaa jilaa qixxee gosaa qaba. Ardaan jilaa kunis Gafarsa Kormaati. Jahan Jiille ardaa kanarratti walgahuun waan hawaasa naannoo, rakkoowwan keessoofi ollaa mari'achuun furatu.

Akkasumas, seerota Caffee Tumaatti tumaman irratti bakka itti mari'achuun waan fooyya'u qabu akeekan, waan itti dabalamuu qabuufi keessaa hir'achuu qabu akeeku. Ardaa kanarratti Jahan Jiille yoo walgahan korma qalatanii eebbaan milkii waliif hawwanii irraa ka'anii gara Caffee Tumaatti seerota waloo Sadeen Tuulamaa waliin tumachuuf godaanu. Seerota waloon tumatan kanas deebi'anii ardaa jilaa Gafarsa Kormaa irratti bultoo buluun mari'atu. Erga mirkanaa'ee boodas hawaasa bal'aaf kan labsamu asumatti (Malkatoo Bantiifi Tolaa Wajii – afgaaffii 11/10/2017). Walumaa galatti, qixxeewwan gosaafi seeroonni Gadaa Tuulamaa hariiroo cimaa waliin qabu. Kunis, miseensi Gadaa caffee godaanee seera tumsiifate lallabuun dura hawaasa bal'aaf dhangalaasuun akka irratti mari'atan taasifama. Haaluma kanaan hariiroo ardaaleen jilaa gaheen qabaniin waliin qaban caattoo gadiin ibsamuuf yaalameera.



***Caattoo 1**: Hariiroo Ardaaleen Jilaa Waliin Qaban (Qorataan Caayeffame)*

7. Goolaba

Ardaaleen jilaa Gadaafi seeronni Gadaa Tuulamaa hariiroo cimaa qabuun xiinxala keessatti mul'ateera. Bu'uura raagamtaa duubaa qabaniin, dhugeefannoo sabichaa waliin hidhata qabu. Bu'uura seeneffama duraa duubaan, raawwii jilaa keessattis hariiroo qabu. Hariiroon isaanii kun yeroo wajjinis ni muul'ata (yeroo jila Gadaa). Ammas Tuulamtichaa hidha goggessa gadaa, akkasumas horee isaa (afurtama abbaa, saddeettama akaakayyuu) qaba.

Gadaan Waggaa Saddeet Saddeetiin ardaalee jilaa kanatti itti godaanuun ciminaafi hanqina Gadaa darbee qoratan, waan biyyaafi biyyoo araddaa Tuulamaa keessa jiru irratti mari'atan, waan maqe qulqulleessan, araaraa buusaniifi dhibdee gosaafi ollaa keessa jiru furmaata itti kennan. Sirnoonni kun ardaa jilaa Odaa Nabeetti madaalamanii mirkanaa'u. Odaan Nabee ardaalee jilaa Gadaa Tuulamaa keessaa wiirtuu Tuulamni Sadeen qaamaafi qalbiin jalatti walgahanii hariiroo waloo isaaniifi keessoo isaanii dhugaa itti baasanii qoratan. Odaan Nabee bakka gormsi walaabuu, *many'ee itti mul'ise'*n akeeka dhugaan muul'achuuti. Kunis, seeronni Yaa'iin Caffee Tumaatti tumaman bakka jiraachuu, akkaafi akka maleen raawwatamuu isaanii, Abbaa Gadaa mucucaate itti qorataniifi akka sirratu taasisan.

Ardaan jilaa Caffee Dongoraa abboota seeraa, yuubota 2^{ffaa}fi abbootii bokkuun bakka abbaa muudaarraa qumbii nyaatanii seera Waaqaa Lafaa afaan saaqani. '(Dh)ooti goromsa walaabuus asitti gadaamessa saaqe. Ardaa kanarra hinbulan waan ta'eef *ardaa ejjetaa* jedhanii waamu. Sababni ulfina Waaqaa Lafaa jecha dhaabbatanii seerota ulfoo tumu. Seerota ardaa kana irratti afaan saaqan giddu galeessa turtii torban tokkoo fudhatanii mariifi falmii bal'aa waliin ardaa jilaa Caffee Tumaatti ibsa irratti kennama. Bakki kun goromsi walaabuu iddoo itti dhale (oofkaletti) argateedha. Seerota Caffee Tumaa kana irratti tumaman kana miseensonni Gadaa fudhatanii caffee qixxee firaattiin galatu. Bultoo waggaa tokkoof hawaasa bal'aa isaanii wajjin erga irratti mari'atanii waggaatti fidanii ardaa jilaa Dhaka Koratti deebi'u. Ardaa jilaa Dhaka Koraatti sirna baannachuu erga gaggeessanii booda seera godhanii akka Gadaan Waggaa Saddeettan dhufaniif biyya ittiin bulchan lallabanii labsu. Sirna Gadaa Tuulamaa keessatti namni tokko gadoomuuf adeemsa kana obsaafi hubannaan keessa darbuun sirna goodannaa raawwachuu qaba.

Walumaa galatti, ardaan jilaafi seeronni Gadaa Tuulamaa hariiroo bu'uura seeneffamoota raagamtaafi afseenawwanii ofduubaa qabu. Xiinxala ragaalee taasifameen ardaaleen jilaa

kunneeniifi seeronnii Gadaa Tuulamaa dabareen hidhata qabu. Sirna yakka qulqulleessuu, yakka adda baasuun falaafi faloo akeekuu, ciminaafi hanqina jiru adda baasuun kallatti fuulduraafi egeree Gadaa irratti bakka itti mar'itan ta'anii tajaajiluun hariiroo sirna xabboo qabu. Ardaaleen jilaa kunneen wiirtuu tokkummaafi nageenyi Oromoo Tuulamaa irratti lallabamaniidha. Ta'us, ardaaleen jilaa kunneen yeroo ammaa sababa dhiibbalee akka babal'ina magaalaa, misooma adda addaa, dhiibamaa waan jiraniif osoo kunuunsiifi eegumsi taasifameef kan jedhu yaboo qorannoo kanaati. Kunis, ardaaleen jilaa kaartaa qabiyyummaafi seeraan tumsamanii akka jiraatan gama mootummaan osoo taasifamee sirnoota xabboo (aadaa) itti fufsiisuu dabalatee, iddoowwan turizimii aadaa (cultural tourism sites) ta'e turuu wanta danda'uuf kunuunsi akka barbaachisu qorannoon kun ni'akeeka.

Galata

Hojiin kun guutuu qorannoo waraqaa PhD keessaa kan fudhatameedha. Milkaa'ina hojichaa keessatti gorsaan gahee olaanaa kan taphatan gorsitoota koo Xilahuun Taliilaa (PhD) fi Dastaa Dassalanyi (PhD) guddaan galateeffadha. Akkasumas, madda ragaalee qorannoo kanaa ta'uun kan ragaan irraa madde abboota seeraafi yuubota Gadaa Tuulamaa hedduun galateeffadha. Xumura irratti namoonni milkaa'ina qorannoo kanaa keessatti qooda fudhattan hundi galata argadhaa.

Wabiilee

Alamaayyoo Hayilee (2012). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16^{ffaa}*. Finfinnee: Bole Printing P.L.C

Alamaayyoo Hayilee (2014). *Sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa (Max.2^{ffaa}).* Finfinnee: A.M Printing & Packaging PLC.

Alamaayyoo Hayilee (2016). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20^{ffaa}*. Finfinnee: Bole Printing Enterprise.

Alamaayyoo Hayilee, Girmaa N. fi Yawandaaxir M. (2020). *Caffee Tumaa: Seenaa Ardaa Jila Oromoo Tuulamaa.* Galaan: Branna P/E. (WAT Magaalaa Galaan).

Alfredi, M. fi Sam, O. K. (2022). "Indigenous Customary Law in Context". *Us-China Law Review: Vol. 19; No. 1 (pp.1-23).*

Badhaasaa Daadhii (2015). *Gola Oromoo Tuulamaa*. Finfinnee: Mana Maxxansaa hinqabu.

Bascom, W. (1965). Forms of Folklore: Prose Narratives. *In the Journal of American Folklore: Vol. 78; No. 307 (pp. 3-20).*

Berger, P. L. and Luckman, T. (1966). *The Social Construction of Reality: A Treatise in the Sociology of Knowledge.* London and New York: Published by Penguin Group.

Caalaa Soorii (2023). *Duudhaalee Sirna Gadaa Tuulamaa*. Duukam: Mana Maxxansaa Hinqabu.

Clandinin, D. J. and Connelly, F. M. (2000). *Narrative Inquiry: Experience and story in qualitative research.* San Francisco: Jossey-Bass.

Dereje Hinew (2012). "Historical Significances of Odaa with Special Reference to Walaabuu". *Star Journal: Science, Technology & Arts Research: 1(2) (pp. 81-90).*

Dirribaa Tarrafaa (2024). *Hariiroo Namafi Uumamaa: Ilaalchaafi Afoola Oromoo Tuulamaatiin.* Yuuniversiitii Finfinnee; Waraqaa ulaagaa PhD; kana hinmaxxanfamin.

Dirribii Damusee (2016). *Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo (gul.4^{ffaa}).* Finfinnee: Ilsabaa Publishing.

Durkhem, E. fi Mauss, M. (2009). *Primitive Classification*. London: Taylor & Francis Library.

Fille Jallata (2015). *Documentation of Folk Law and Description of Grammatical Sketch of the Maccaa Oromo*. Addis Ababa University: PhD Dissertation; unpublished.

Galbin, A. (2014). An Introduction to Social Constructivism. *Social Research Report: Vol.26 (pp. 82-92) /ISSN: 2066-686/.*

Gemeda Odo (2018). Why Some Natural Areas are Sacred? Lesson from Guji Oromo in Southern Ethiopia. *In the Global Journal of Arts and Humanities /ISSN:2637-4765/1:6 (PP.1-9).*

Gemeda Odo (2019). "Indigenous Mechanisms of Preventing Sacred Natural Sites in Guji Oromo, Adoola Reedde and Anna Sorra districts, Southern Ethiopia" *Food science & Technology research article: (5); (pp.1-14).*

Gemeda Odo (2021). Anthropogenic Menance on Sacred Natural Sites: the case of Me'ee Bokko and Daraartuu Sacred Shrines in Guji Oromo, Southern Ethiopia. *Heliyon (7); www.cell.com/heliyon.*

Gemetchu Megersa (1993). *Knowledge, Identity and the Colonial Structure in the Case of East and Northeast Africa.* University of London: PhD Thesis: Unpublished.

Gemetchu Megerssa and Aneesa Kassam (2019). *Sacred Knowledge Traditions of the Oromo of the Horn of Africa.* England and Finfinnee: Fifth World Publications.

Ibsa Gutamaa (1997). Odaa Nabee In Oromo Oral Tradition. *The Oromo Commentary: Vol.VII; No. 2. (pp. 14-15).*

Jaatanii Diidaa (2014). *JAARRAA: Haaromsa Aadaafi Seenaa Booranaa (V-1).* Finfinnee: ELLENI P.P. PLC.

Knuttson, K. E. (1967). *Authority and Change: A Study of Kallu Institution Among the Macha [Oromo] of Ethiopia.* Sweden: Goteborg.

Low, S. (1992). *Symbolic Ties that bind: Place Attachment in the Plaza.* New York: Planum.

Mulugeta Negassa (2014). *Documenting and Analysis of Ritual Performances of 'Sera Gada' Among the Karrayyu Oromo.* Addis Ababa University: PhD Dissertaion; Unpublished.

Nicolas, Andrea (2006). Government, Ritual and Identity and Law Tulama-Oromo Gadaa Assemblies. *On Proceedings of the XVth International Conference of Ethiopian Studies Hamburg July 20-25, 2003, Edited by Seigbert Uhlig (pp.168-176).*

Oring, Elliot (1986). *Folk Groups and Folk Genres: An Introduction.* Logan, Utah; Utah State University Press.

Roy, D. R. (2005). Traditional Customary Law and Indigenous People in Asia. *Minority Rights Group International Report.*

Taliila Bulbulaa (2024). *Sirna.* Finfinnee: Fitsum Printing and Advert.

Tobin, B. M. (2013). Bridging the Nagoya Compliance Gap: The Fundamental Role of Customary Law in Protection of Indigenous People's Resource and Knowledge Rights. *9/2 Law, Environment and Development Journal (pp. 142-164).*

Verschuuren, B. (2010).*Sacred natural sites: Conserving Nature and Culture.* France: Routledge.

Yang Ch. Fi Chen, S. (2024). Spatial Imagination is Sacred Narratives of Mountain Communities in Western Yunnan, China. Religions 15: 382. *http://doi.org.10.3390.re115030382*.

ታቦር ዋሚ(2013)፡ ፡ *ቦኦሮሞማኑ ትና ታሪኩ* (የ መጀመሪያ)፡፡ አዲስ አበባ፣ ሮሆቦት ማተሚያ ቤት፡፡